

## **Gorsaafi Qindeessaa**

Alamuu Hayiluu

## **To'ataa Qulqullinaa**

Muhaammad Namoo

## **Qopheessitoota:**

Ammee Xayyaar

Darajjee Mokonnin Dheeressaa

Muhammad Abdoo

Waaqumaa Waamii

## **Seecca'oota:**

Fiqaaduu Qana'aa

Muhaammad Abdoo

## **Giraafiksii:**

Dhaqqaboo Guyyee

Solomoon Alamaayyoo

Taaddasaa Dinquu

## Baafata

### Qabiyyee

### Fuula

<b>Boqonnaa 1: Gaammee Gurguddaa.....</b>	<b>1</b>
<b>Boqonnaa 2: Faaruu Gaammee Gurguddaa.....</b>	<b>5</b>
<b>Boqonnaa 3: Gahee Gaammee Gurguddaa .....</b>	<b>8</b>
<b>Boqonnaa 4: Kuuchuu .....</b>	<b>11</b>
<b>Boqonnaa 5: Faaruu Kuuchuu.....</b>	<b>14</b>
<b>Boqonnaa 6: Goodiyyaa .....</b>	<b>18</b>
<b>Boqonnaa 7: Kuusa.....</b>	<b>22</b>
<b>Boqonnaa 8: Faaruu Kuusaa.....</b>	<b>25</b>
<b>Boqonnaa 9: Addooyyee.....</b>	<b>28</b>
<b>Boqonnaa 10: Faaruu Addooyyee.....</b>	<b>31</b>
<b>Boqonnaa 11: Torbii.....</b>	<b>36</b>
<b>Boqonnaa 12: Moggaasa Maqaa Dhalootaa.....</b>	<b>40</b>
<b>Boqonnaa 13: Meedhicha.....</b>	<b>45</b>
<b>Boqonnaa 14: Gugsii Fardaa .....</b>	<b>48</b>
<b>Boqonnaa 15: Faaruu Abbaa Fardaa .....</b>	<b>52</b>
<b>Boqonnaa 16: Jifuu .....</b>	<b>56</b>
<b>Wayitii 8 .....</b>	<b>56</b>
<b>Boqonnaa 17: Handhuuraa.....</b>	<b>60</b>
<b>Boqonnaa 18: Buusaa-Gonofaa .....</b>	<b>63</b>
<b>Wayitii 8 .....</b>	<b>63</b>
<b>Boqonnaa 19: Hirpha .....</b>	<b>67</b>
<b>Wayitii 8 .....</b>	<b>67</b>
<b>Boqonnaa 20: Sirna Gadaafi Qabeenya.....</b>	<b>71</b>
<b>Boqonnaa 21: Kunuunsaafi Itti-fayyadama Qabeenya Uumamaa .....</b>	<b>74</b>

# Boqonnaa 1: Gaammee Gurguddaa

## Wayitii 8

9

**Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti

barataa/tuun;

- ✓ eenyummaa gaammee Gurguddaa addaan nibaafata/ti;
- ✓ leenjii Gaammee Gurguddaaf kennamu addaan baafatee nihima/ti.

**Gahee Barsiisaa/tuu**

Barsiisaa/tuu; gulantaalee Gadaa keessatti Gaammee

Gurguddaan gulantaalee Dabballeefi Gaammee

Xixiqlaatti aanee kan jiru akka ta'e barattootti himi.

Aadaa Oromoo kan ganamaa keessatti, dhaloota gulantaan

kana keessatti argaman gahoomsuuf leenjiin adda addaa

akka kennamu hubachiisi. Boqonnaan kunis maalummaa,

leenjiifi gahee Gaammee Gurguddaa irratti kan

xiyyeffatu ta'uu itti himi.

Lleenjiawan gulantaa kanatti Kuusaaf kennaman keessaa buttummaafi dootummaan isaan gurguddoo akka ta'an barattootatti himi. Qabiyyeewan maalummaa buttuufi leenjii buttummaa; akkasumas, maalummaa dootuufi leenjii dootummaa irratti akkaataa barattooni hubachuu danda'aniin walduraa duubaan ibsi. Itti aansuun, ibsa kenname irraa barattooni maal akka hubatan akka walitti himan taasisi. Gaaffilee hubannoo kitaaba barataa keessatti kennaman barattooni akka hojjatan taasisuun duub-deebii kenni. Lleenjii kana fakkaatu kan beekan ykn maatii gaafatanii dareetti akka himaniifis haala mijeessi.

Kana malees, gilgaala xumura boqonnaa kitaaba barataa irratti kenname hojjechiisuun deebii gilgaalaa qajeelcha barsiisaa/tuu keesatti kenname waliin ilaaluu duub-deebii kenni. Xumura irratti, tokkoon tokkoo barataa/tuu qabiyyee boqonnichaa hubachuu isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni.

**Deebii Gaaffiilee Hubannoo 1**

1. Ijoollee Gaammee Guguddaaf leenjiin buttummaa kennama
2. leenjii haala fayyadama mi'a fardaa,  
leenjii akkaataa yaabbannaafi farda irraa bu'insaa,  
leenjii qabannaafi itti fayyadama eeboo, sootalaafi wantee

**Deebii Gaaffiilee Hubannoo 2**

1. namoota duula keessatti dhoksaan odeeffannoo funaanan
2. leenjii odeeffannoo qophii garee faallaa dhoksaan funaanuu, leenjii ga'umsa qaamaa kan akka lafarra loo'uu, fiiguufi mukaa gara mukaatti utaaluu

**Deebii Gilgaala 1**

Maqaa Leenjii	Leenjii Kennamu	Maaliif akka Kennamu
	a) leenjiin mi'a fardaa	a) buttuun yeroo gara farda yaabbiitti dhufan akka hinrakkanneef

	B) leenjii yaabbiifi bu'iitii fardaa	b) utaalanii farda yaabbachuufi osoo fardi gulufuu irraa bu'uu akka danda'an
Buttummaa	C) leenjii qabannaafi itti fayyadama eeboo, sootalaafi wantee	c) buttuun si'aayina akka qabaataniifi miidhama irraa akka ofeeganiif
Dootummaa	a) leenjii dootummaa kan duula duraa	a) odeeaffannoo humnaafi qophaa'ummaa garee faallaa dhoksaan funaanuu
	b) leenjii karaa seensaafi ba'aa gabalaa garee dooyatanii	b) haala teessuma lafaa akka beekaniifi karaa hinbanneef
	c) haala eenyummaan isaanii akka hinbeekamne itti of jijiirani	c) osoo irratti hinbeekamne humnaafi qophaa'ummaa garee dooyatanii bira akka ga'aniif

## Deebii Gilgaala 2

1. Deebiin gaaffii kanaa, haala leenjii ijoollee gulantaa  
Gaammee Guguddaa jiraniii nannoo barataa/tuutti  
kennamuu irratti hundaa'a.

## Boqonnaa 2: Faaruu Gaammee Gurguddaa

### Wayitii 8

9

**Kaayyoo:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti

barataa/tuun;

- o jaalala Gadaan Gaammee Gurguddaaf qabu  
nihubata/ti; nidinqisiifata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu; otoo barannoo boqonnaa kanaa  
hinjalqabiin, gulantaalee Gadaa keessatti dhaloonni  
jaalalaafi kabaja Gadaaf qaban karaa adda addaan akka  
ibsatan barattootatti himi. Isaan keessaa faaruun tokko  
akka ta'e itti himi. Joolleen faaruu gulantaa isanii waliin  
deemu maatii, abbootiifi hawaasa naannoo irraa barachaa  
akka guddatan hubachiisi.

Barannoo boqonnaa kanaa jalqabuudhaaf faaruu Gaammee  
Gurguddaa kitaaba barataa keessatti dhiyaate walduraa  
duubaan dubbisuun yeedaloo isaa waliin itti qophaa'i.

Faaruwwan kanniin yeedalloo isaanii waliin ofii faarsuun barattootatti agarsiisi. Itti fufuun, barattoota shaakalsiisuun waliin faarsi. Faaruwwan kanas irra deddeebiin akka faarfatan godhi. Faaruwwan kanneen sirnaan faarfachuu danda'uu isaanii hordofuun duub-deebii ketti. Ergaa faaruwwan kanaa akka walitti himan gochuun qajeelchi. Kana malees, faaruu kana fakkaatu kan beekan daree keessatti akka faarsan jajjabeessi.

Bifuma walfakaatuun, barattoonni faaruwwan kanneen irraa maal akka hubataniifi dingisiifatan hordofuun duub-deebii ketti. Akkasumas, gaaffiilee hubannoofi gilgaala hojjachiisuun duub-deebii ketti. Xumura irratti, tokkoon tokkoo barataa/tuu qabiyyee barnootaa hubachuu isaa/ishee hordofuun duub-deebii ketti.

## **Deebii Gaaffii Hubannoo 1**

1. Iddoo Foolleen/Gaammee Gurguddaan deemtu jiidhafi milkiitu jira jechuun abbootiifi Gadaa isaaniif jaalala qaban ibsuudha.

## **Deebii Gaaffii Hubannoo 2**

1. Abbootii Foolleefi haadholii isaaniif ta'ee, nyaachisaa waan isaaniif qopheessaniifi muuda/dhadhaa waan isaan dibaniif quufaafi jiidha hindhabiinaa jechuun eebbisu.

## **Deebii Gilgaala 1**

1. Soba
2. D
3. Caasaa Gadaa, dudhaalee Gadaa, abbootiifi uumamaaf jaalalaafi kabaja qaban ibsachuuf

# Boqonnaa 3: Gahee Gaammee Gurguddaa

## Wayitii 8

**Kaayyoo:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti barataa/tuun:

- gahee Gaammee Gurguddaa addaan baasee/tee nihima/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, barannoo boqonnaa kanaa jalqabuuf Gulantaalee Gadaa keessatti dhalooni gaheefi itti-gaafatamummaa irraa eegamu akka qaban barattootatti himi. Haaluma kanaan, boqonnaan kun gahee Gaammee Gurguddaa irratti kan xiyyeffate akka ta'e hubachiisi. Itti aansuun, barannoo boqonnichaa karaa hubachuu danda'aniin gahee Gaammee Gurguddaa irratti barattootaaf ibsa kenni. Ibsa kenname irraa barattoonni waan hubatan akka walitti himan taasisi. Adeemsa

kanaanis qabiyyeefi kaayyoo barannoo irratti hundaa'uun hubannoo barattootaa hordofuun duub-deebii kennaa deemi.

Bifuma walfakkaatuun, gaaffiilee hubannoo kennaman baatattoota hojjachiisuunis duub-deebii kenni. Kana malees, gahee *Gaammee Gurguddaa* kan beekan yookiin maatii gaafatanii dareetti akka himan taasisuun duub-deebii kenni.


*Gilgaala xumura boqonnaa irratti kenname hojjechiisuun deebii gilgaalaa qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kenname waliin ilaaluun duub-deebii kenni. Xumura irratti, tokkoon tokkoo barataa/tuu qabiyyee barnootaa hubachuu isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni.*

### **Deebii Gaaffiilee Hubannoo**

1. *Gaammee Gurguddaa*. Loon iddo margaafi bishaan argamu akka turan godchuuf.
2. Bakka godaananitti rakkoo mudachuu danda'u dandamachuuf.

## Deebii Gilgaala 1

1.



## Boqonnaa 4: Kuuchuu

### Wayitii 8



- Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti barataa/tuun;
- maalummaa Kuuchuu ni'ibsa/ti;
  - haala ijoolleen Kuuchuu itti ijaaraman nihima/ti;
  - gahee Kuuchuun kuusoma keessatti qaban nihima/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Boqonnaan kun, Gadaa keessatti haala ijoolleen umrii dargagumma keessa jiran itti gurmaa'an irratti kan fuulleffatu ta'uu barattootatti himi. Akka barattootaaf mijatutti barannoo boqonnaa kanaa qoqqooduun dhiyeessuuf yaalameera. Haala kanaan, qabiyyeewwan boqonnichaa maalummaa Kuuchuu, haala Kuuchuun itti gurmaa'anifi gahee Kuuchuun Kuusoma keessatti qaban wal-duraa duubaan barattootaaf ibsi.

Itti aansuun, barattoonni ibsa kenname irraa maal akka hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii kenni.

Haala ijoolleen gulantaa Kuusaa keessa jiran itti gurmaa'aniifi gahee qaban kan naannoo isaaniitti beekan ykn maatii gaafatanii dareetti akka himan jajjabeessi. Kana malees, gaaffiilee hubannoo barnoota boqannichaa kitaaba barataa keessatti kennaman barattoonni akka hojjatan taasisuun duub-deebii kenni.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaala xumura boqonnaa irratti kenname hojjachiisuun deebii gilgaalaa qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kenname waliin ilaala duub-deebii kenni. Xumura irratti, tokkoon tokkoo barataa/tuu waan baratan hubachuu isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni.

### **Deebii Gaaffiilee Hubannoo 1**

1. Gaammee Guguddaa/Kuusaa/Foollee/Qarree boodaa
2.
  - Hayyuu Hiriyyaa- hoogganaa ijoollee Kuuchuu
  - Abbaan Harcummee- ijoollee Kuuchuu hojii kuusomaatti bobbaasu
3. Kan gorsu, jaarsa gorsaaa jedhama. Gorsi kennamuuf:

- aadaa, safuu, seera Gadaafi hariyyaa kabajuu
- gochoota aad-malee ta'an irraa of-eeguu

## Deebii Gaaffiilee Hubannoo 2

- a. Jila hunda irratti argamuun qooda fudhachuu
- b. Xumura kuusomaa wagga sadeetii irratti walghanii

Biyyee Cinnaa fudhachuun ijoollee itti aananitti

Kuusoma dabarsu. Ofii ammoo gulantaa Raabaatti

ce'uun

## Deebii Gilgaala 1

Gochoota Kuuchuun Raawwataman	Yeroo raawwatamu	Maaliif akka raawwatamu
Coqorsa guduunfachuu	Kuusomuun dura	Biyyee kuusomaa fudhachuuf
Biyyee kuusomaa fudhachuu	Akkuma biyyee sana fudhataniifi dibataniin	Kuuchuu ta'uu isaanii ifatti hawaasa beeksifachuuuf
Biyyee Cinnaa fudhachuu	Dhuma wagga saddeetaffaa turtii Kuuchuutti	Baallii kuusomaa ijoollee Kuuchuu isaanitti aananii dhufaniif kennuuf

## Boqonnaa 5: Faaruu Kuuchuu

### Wayitii 8



**Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti barataa/tuun;

- haala itti Kuuchuun jaalala waliifi hawaasaaf qaban faaruun ibsat an nidinqisiifata/ti;
- faaruu Kuuchuu nifaarsa/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu; boqonnaan kun, faaruu Kuuchuu irratti kan fuuloeffatu akka ta'e barattootatti himi. Jalqaba irratti walaloo faaruu kanaa dubbisuun yeedaloo isaa waliin shaakaluun of-qopheessi. Itti aansuun, faaruu kanaa buufata buufataan qoqqooduun yeedaloo isaa waliin faarsuun barattootaatti agarsiisi. Itti fufuun, barattoota waliin faarsuun shaakalsiisi.

Barattoonis of-danda'anii akka faarsuu danda'anitti irra deddeebi'anii akka shaakalan godhi.

Itti aansuun, barattooni faaruufi ibsa kenname irraa maal akka hubatan akka walitti himan taasisuun duub-deebii ketti. Faaruu kana fakkaatu kan naannoo isaaniitti beekan ykn maatii gaafatanii dareetti akka faarsan taasisuun jajjabeessi. Kana malees, gaaffiilee hubannoo barnoota boqannichaa kitaaba barataa keessatti kennaman barattooni akka hojjatan taasisuun duub-deebii ketti.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaala xumura boqonnaa irratti kenname hojjachiisuun deebii gilgaalaa qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kenname waliin ilaalaan duub-deebii ketti. Xumura irratti, tokkoon tokkoo barataa/tuu qabiyyee barnoota boqonnaa kanaa hubachuu isaa/ishee hordofuufi duub-deebii ketti.

## Deebii Gaaffiilee Hubannoo 1

1. Kuusi gadaa teennaa karraan duudaa,

Gadaan teenna eebbaaf quufaa

2. Itittuu

3. Gordoon hoolaa boora

Gordichi baleelaan afaan booraa

Gordichi daamaan haati jilaa

Geeddiin gadi baate adaa roobaa.

## Deebii Gaaffiilee Hubannoo 2

1. Rooba akka dansaa kan qabuifi hormaata looniif  
mijataadha


2. Gadaan Aabboo Boruu Madhaa kan roobaa  
gabbinaa ta'uufi marga akka dansaa biqile  
dinqiisiifatan

## Deebii Gilgaala 1

Faaruu	Kan faarfame	Maaliif akka faarfame
<p>Gordoon hoolaa boora          Gordichi baleelaan afaan          booraa          Gordichi daamaan haati jilaa          Geeddiin gadi baate adaa          roobaa</p>	<p>Haadha mucaa          gubbifatte</p>	<p>Miidhagina          haadha jila          gubbisaa          dingisiifachuu</p>
<p>Barraaqan boruu yaatee          Marraa galte waareen          saayyaa          Barraaqa buttee fuutee          Boora urgooftuu dhaleen          haayyaa.</p>	<p>Dubartii          kaamummaan          looniin          wolqabatu</p>	<p>Buttee          qoraastee          yeroofi          qulqullinaan          saayya elmuu</p>
<p>Ilaamuu gubbaan diidaa          Loon horee moonan diidaa          Deebanuun gannaan dhaltee          Waatiyyee dhoqobi diidaa.</p>	<p>Saawwaniifi          waatiyyee</p>	<p>Hormaata gadaa          isaanii          dingisiifachuu</p>
<p>Walmal kobbee roobaa          Gubbaa tee koree gaarreen          oolaa          Dhaamocha Bulee Harkeenaa          Gurraan sodaatee yaraan          oolaa</p>	<p>Gaarree/jagnafi          Gurraa/sodaataa</p>	<p>Gaarree          dingisiifachuufi          Guraa tuffachuu          ibsuuf</p>

## Boqonnaa 6: Goodiyyaa

### Wayitii 8



**Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti barataa/tuun;

- maalummaa Goodiyyaa nihima/tti;
- gochaalee jila Goodiyyaa keessatti raawwwataman nitarreessa/iti;
- ce'umsa gulantaa Gaammee Gurguddaa irraa Kuusaatti taasifamu ni'ibsa/siti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, barannoo boqonnaa kanaa osoo hin jalqabiin dura gulantaaleen Gadaa hunduu jila ce'umsaa kan mataa isaanii akka qaban hubachiisi. Itti aansuun, ijoolleen waa'ee jila Maq-baasaa, ce'umsaa Gaammee Xixiqqaa irraa gara Gaammee Gurguddaatti taasifamu, kan Kutaa 3tti bartan waan yaadatan dareetti akka himan carraa kenniif. Deebii isaan kennan irratti

hundaa'uun jila Maq-baasaa irratti qabxiilee ijoo  
yaadachiisi.

Baranhoon boqonnaa kanaa ammoo, maalummaa  
Goodiyyaa, adeemsaafi gochaalee ce'umsa gulantaa  
Gaammee Gurguddaa irraa gara Kuusaatti taasifamu  
irratti akka xiyyeffatu barattootatti himi. Itti aansuun  
maalummaa jila Goodiyyaa, ce'umsa Gaammee Gurguddaa  
irraa gara Kuusaatti taasifamu, fakkiin deeggaruun  
barattootaaf ibsi. Adeemsaafi Gochaalee jila Goodiyyaa  
keessatti raawwatamanis fakkeenyaa deeggaruun ibsiif.  
Ibsa kenname irraa barattooni waan hubatan akka  
walitti himan taasisi. Adeemsa kanaanis qabiyyeefi  
kaayyoo baranhoon irratti hundaa'uun hubannoo  
barattootaa hordofuun duub-deebii kennaa deemi.

Bifuma walfakkaatuun, gaaffiilee hubannoo gidduu gidduu  
keeyyataatti kennaman baatattoota hojjechiisuunis  
duub-deebii kenni. Kana malees, gochaalee ce'umsaa  
Gaammee Gurguddaa irraa gara Kuusaatti taasifamu  
keessatti raawwataman kan naannoo isaanii maatii

gaafatanii dareetti akka himan taasisuun duub-deebii kenniif.

Gilgaala xumura boqonnaa irratti kenname hojjachiisuun deebii gilgaalaa qajeelcha keessatti kenname waliin ilaaluun duub-deebii kenni. Xumura irratti, tokkoon tokkoo barataa/tuu qabiyyee barnootaa hubachuu isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni.

### **Deebii Gaaffii hubannoo 1**

1. Sirna ce'umsa Gaammee Gurguddaa irraa gara Kuusaatti taasifamu raawwachuufi filannoo Aduulootaa jahanii gaggeessuuf.

### **Deebii Gaaffii Hubannoo 2**

1. Ijoolleen Gaammee Gurguddaa irraa gara Kuusaatti ce'uu agarsiisa.
2. Gaammee buufachuufi filannoo Aduuloota jahanii gaggeessuu.

## Deebii Gilgaala 1

1. Ce'umsa Gulantaa Gaammee Gurguddaa irraa gara  
Kuusaatti taasifamu keesatti sirna gaggeeffamuuifi  
adeemsa filannoo Aduulootaa fa'a ta'uu danda'a.
2. Aduloonni gara fuula duraatti Abbaa Gadaa ta'uu  
danda'an ijoollummaa irraa jalqabanii dorgommiin kan  
filataman ta'uu.

## Boqonnaa 7: Kuusa

### Wayitii 8



**Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti barataa/tuun;

- maalummaa Kuusaa ni'ibsa/ti;
- leenjii Kuusaaf kennamu nihima/ti;
- gahee Kuusaa nihama/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu; boqonnaan kun, gulantaalee Gadaa keessaa Kuusa irratti kan fuulleffatu ta'uun barattootatti himi.

Akka barattootaaf mijatutti barannoo boqonnaa kanaa qoqqooduun dhiyeessuuf yaalameera. Haala kanaan, boqonnichi maalummaa, leenjiifi gaheen Kuusaa wal-duraa duubaan kan ofkeessatti qabate ta'uun, barattootaaf ibsi.

Itti aansuun, barattoonni ibsa kenname irraa maal akka hubatan akka walitti himan taasisuun duub-deebii kenni.

Leenjiifi gahee Kuus kan naannoo isaaniitti beekan ykn

maatii gaafatanii dareetti akka himan gochuun jajjabeessis. Kana malees, gaaffiilee hubannoo barnoota boqannichaa kitaaba barataa keessatti kennaman barattooni akka hojjetan taasisuun duub-deebii kenni.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaala xumura boqonnaa irratti kenname hojjachiisuun deebii gilgaalaa qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kenname waliin ilaalaa duub-deebii kenni. Xumura irratti, tokkoon tokkoo barattootaa qabiyyee barnoota boqonnaa kanaa irratti gahumsa irraa eegamu gonfachuu isaanii hordofuun duub-deebii kenni.

### **Deebii Gaaffiilee Hubannoo 1**

1. Kuusi gulantaa Gadaa Gaammee Guguddaatti aanee argamuudha.
2. Torbii yookaan Aduloota. Isaanis, Abbaa Murtii, Jalkeeya, Faga, Hayyuu, Jaldhaabaafi Waamura.

## Deebii Gaaffiilee Hubannoo 2

1. leenjii heeraafi seera bulchiinsa Gadaa, leenjii aadaafi duudhaa ummataa, leenjii woyyuu, duulaafi haala raawwii jila adda addaa
2. Yaa'a Gadaa faana ardaalee jilaatti godaanuun waan leenji'an qabatamaan akka barataniif.

## Deebii Gilgaala 1

1. Dhugaa
2. Dhugaa
3. Yuuba Lammaffaa
4. Guyyaa digdamii saddeet
5. gogeessa Gadaa isaaniin dura jiran waliin akka walbaraniif

## Boqonnaa 8: Faaruu Kuusaa

### Wayitii 8



**Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti

barataa/tuun;

- maalummaa Kuuchuu ni'ibsa/ti;
- faaruu Kuusaa nifaarfata/tti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Boqonnaan kun, Gadaa keessatti faaruu i joolleen Kuusaa faarfatan irratti kan fuulleffatu ta'uun barattootatti himi. Akka barattootaaf mijatutti faaruu Kuusaa kana qoqqooduun gareen akka faarsan shaakalsiisi. Kana malees, ergaa faaruu dhiyaatee wal-duraa duubaan barattootaaf ibsi.

Itti aansuun, barattoonni faaruu dhiyaate irraa maal akka hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii kenni. Akkasumas, barattoonni faaruu Kuusaa kan naannoo isaaniitti beekan ykn maatii gaafatanii dareetti

akka shaakalan taasisi, jajjabeessis. Kana malees,  
 gaaffiilee hubannoo barnoota boqannichaa kitaaba  
 barataa keessatti kennaman barattooni akka hojjatan  
 taasisuun duub-deebii kenni.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaala xumura boqonnaa irratti  
 kenname hojjachiisuun duub-deebii kenni. Xumura irratti,  
 tokkoon tokkoo barattootaa qabiyyee barnoota boqonnaa  
 kanaa irratti gahumsa irraa eegamu gonfachuu isaanii  
 hordofuun duub-deebii kenni.

### **Deebii Gaaffii Hubannoo 1**

1. Uchummee irbuun geetee hoo  
 Ameessa horachuun geetee hoo

### **Deebii Gaaffii Hubannoo 2**

1. Hoyyoyyoo Raaba Yaayyaa

Guddannee Raaba taanee

Godaannee yaa'a taanee

## Deebii Gilgaala 1

1. Ani Raabomuuuf rommaa hoo

Kuusomee baleele hoo

Raabomuu kajiilee hoo.

2. Qeexalee burquun geetee hoo

Wolaannaa tuquun geetee hoo

Jila muummee gahee hoo

Wolaannaa tuquun gahee hoo.

3. Fooqa murroo dhiiraa hoo

Dhara qumbiin dhiibaa hoo

4. Faaruu Qeexalaafi Mokkee jedhaman faarsuu

danda'uu

5. Faaruu Kuusaa beekan dareetti faarsuu danda'uu

## Boqonnaa 9: Addooyyee

### Wayitii 8



**Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti

barataa/tuun;

- maalummaa jaarmiyaa Addooyyee nihubata/ti; ni'ibsa/ti;
- adeemsa hundeffamaafi faayidaa jaarmiyaa Addooyyee nihubata/ti; ni'ibsa/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Boqonnaan kun, Gadaa keessatti jaarmiyaa Addooyyee irratti kan fuulleffatu ta'uu barattootatti himi. Akka barattootaaf ifa ta'utti maalummaa jaarmiyaa Addooyyee, adeemsa hundeffama Addooyyeefi faayidaa jaarmiyaa Addooyyee irratti xiyyeeffachuun wal-duraa duubaan barattootaaf ibsi.

Itti aansuun, barattoonni ibsa kenname irraa maal akka hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii kenni.

Adeemsaafi gochi Addooyyee fakkaatu kan naannoo isaaniitti beekan ykn maatii gaafatanii dareetti akka himan gochuun haala mijeessiif. Kana malees, gaaffiilee hubannoo boqannichaa kitaaba bataraa keessatti kennaman barattoonni akka hojjatan gochuun duub-deebii kenni.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaala xumura boqonnaa irratti kenname hojjachiisuun deebii gilgaalaa qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kenname waliin ilaala duub-deebii kenni. Xumura irratti, tokkoon tokkoon barataa/tuu qabiyyee barnootaa kanaa hubachuu isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni.

## Deebii Gaaffii Hubannoo 1

1. Maqaa kee waan hamaan hinkasu; sin kabaja; sin jaalladha; sin mararsiifadha; maqaa jaalalaa Addooyyee jedheen si waama jechuudha.

## Deebii Gaaffii Hubannoo 2

1. Jaalalliifi Addooyyee jiidhaafi lalisaa kan deemu ta'uu ibsuufi

## Deebii Gilgaala 1

1. Jaalalliliifi aantummaan addooyyee dhaabbataafi kan hinjijiiramne ta'uu
2. Soba
3. Umrii guutuu
4. Fakkeenya kakuu Dubree "A"fi Dubree "B" kitaaba barataa keessatti kenname irratti hundaa'uun qajeelchuu

# Boqonnaa 10: Faaruu Addooyyee

## Wayitii 8



**Kaayyoo:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti

barataa/tuun;

- addooyyeen jaalalaan waliif qaban faaruun  
akkamitti akka waliif ibsan nibarata/ti;  
nidinqisiifata/ti; ni'ibsa/ti.

## Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, boqonnaa kana barsiisuun dura faaruu  
addooyyee kitaaba barataa keessatti dhiyaate irra  
dedeebiin dubbisii ofqopheessi. Faaruu kanas yeedalloo  
isaa waliin shaakalii hubadhu. Gara barannoo kanaatti  
seenuudhaaf Gadaa keessatti shamarran jaalalaafi  
mararfanna waliif qaban bifa faaruutiin akka waliif  
ibsan barattootatti himi. Faaruun kun yeroo addooyyeen

wal jaalatan haala garaa garaan addaan fagaachuun yoo  
dirqama itti ta'u kan faarsamu akka ta'e hubachiisi.

Itti aansuudhaan, walaloo faaruu kitaaba barataa irratti  
dhiyaate bo'oo bo'oон dubbisiif. Faaruу kanas yeedaloo  
isaa waliin jalqaba ofii itti agarsiisi. Itti aansuun,  
barattooni akka si waliin faarsan gochuun gargaari.

Hanga barattooni of-danda'anii faarsanitti hordofuun  
duub-deebii kenni. Ergaa faaruу buufata buufataan  
hubachuu akka danda'anitti gaaffiilee hubannoo gidduu  
gidduutti kennaman hojjachiisuun duub-deebii kenniif.

Naannoo isaaniitti faaruу addooyyee yookaan kan isa  
fakkaatu kan beekan ykn maatii gaafatanii dareetti akka  
faarsaniifi haala mijeessi.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaala xumura boqonnaa irratti  
kenname hojjachiisuun deebii gilgaalaa qajeelcha  
barsiisaa/tuu keessatti kenname waliin ilaala  
duub-deebii kenni. Xumura irratti, tokkoon tokkoon  
barataa/tuu qabiyyee barnootaa kanaa hubachuu  
isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni.

## **Deebii Gaaffiilee Hubannoo 1**

1. 'yommuu wal geenyu  
walgeenyee teenyu  
nu gobii lolaa  
lafti ofiin tola' kan jedhu

2. Addooyeen wal irraa adda bahuu akka hinbarbaanne;  
addaan bahuun ulfaataafi hamaa ta'uu.

## **Deebii Gaaffii Hubannoo 2**

1. 'manni kee hin aariin  
maramtees hin taa'iin' jedhanii wal gorsan.

## **Deebii Gilgaala 1**

1. jaalaala, wal mararfannaafi gorsa addooyee  
2. "hinrafiin dhaggeeffadhu; yoo rafteef qalbeeffadhu"  
jechuun wal hubachiisan.

## Deebii Gilgaala 2

Handoodee xobbee mukaa

addooyyee sokkeen dhufa

hinrafiin dhaggeeffadhu

yoo rafteef qalbeeffadhuu

nu durbeen keenyaa

durbeen addooyyee

yommuu wal geenyuu

wal geenyee teenyu

nu gobii lolaa

lafti ofiin tolaa

yoo gargar baanu

nu gogorriihhaa

gogorrii soraa

lafti ofiin onaa

Handoodee xobbee mukaa

addooyyee sokkeen dhufa

hinrafiin dhaggeeffadhu

yoo rafteef qalbeeffadhuu

nu durbeen keenyaa

durbeen addooyyee

yommuu wal geenyyu

wal geenyee teenyu

nu gobii lolaa

lafti ofiin tolaa

yoo gargar baanu


nu gogorriidhaa

gogorrii soraa

lafti ofiin onaa

## Boqonnaa 11: Torbii

### Wayitii 8



**Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti barataa/tuun;

- maalummaafi haal-duree filannoo torbii ni'ibsa/ti;
- ulaagaa filannoo torbii nihima/ti;
- leenjiifi haala leenjiin torbii itti kennamu ni'ibsa/ti;
- gahee torbiin leenjiin booda Gadaa keessatti qabu nihima/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Boqonnaan kun, Gadaa keessatti lenjii torbii gulantaa  
Kuusa keessaa filatamaniif kennamu irratti kan  
fuelleffatu ta'uun barattootatti himi. Akka barattootaaf  
mijatutti barannoo boqonnaa kanaa caccabsuun  
dhiyeessuuf yaalameera. Haala kanaan, qabiyyeewwan

boqonnichaa maalummaa torbii, ulaagaa filannoo torbii, leenjii torbiifi gahee torbii irratti wal-duraa duubaan barattootaaf ibsi.

Itti aansuun, barattoonni ibsa kennamerraan maal akka hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii ketti. Adeemsaafi gochi filannoo torbiifi leenjii torbii fakkaatu kan naannoo isaaniitti beekan ykn maatii gaafatanii dareetti akka himan gochuun haala mijeessiif. Kana malees, gaaffiilee hubannoo barnoota boqannichaa kitaaba bataraa keessatti kennaman barattoonni akka hojjatan gochuun duub-deebii ketti.

Bifa walfakkaatuun, gilgaala xumura boqonnaa irratti kenname hojjachiisuun deebii gilgaalaa qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kenname waliin ilaala duub-deebii ketti. Xumura irratti, tokkoon tokkoo barataa/tuu qabiyyee barnootaa hubachuu isaa/ishee hordofuun duub-deebii ketti.

## **Deebii Gaaffiilee Hubannoo 1**

1. Torbii
2. Wal-argiifi Nyaachisa

## **Deebii Gaaffiilee Hubannoo 2**

1. Kuusaa
2. Torba (7). Isaanis, abbaa murtii, jalkeeyaa, faga, hayyuu, jaldhaaba, waamuraafi torbiidha.
3. qaama guutuu qabaachuu, beekumsa aadaafi seera Gadaa qabaachuu, yakka lubbuu namaafi bineensotaa baasuu irraa bilisa ta'uu, dandeettii dubbatanii nama amansiisuu qabaachuu

## **Deebii Gilgaala 1**

1. Ieenjii seera bulchiinsa Gadaa,  
Ieenjii seera duulaa adamoo,  
Ieenjii seera fuudhaafi heerumaa,  
Ieenjii seera dhaalaafi miiloo,  
Ieenjii seera qaalluu,  
Ieenjii ayyaanota ji'aafi kkf.

2. aanga'oota yeroo Gadaan isaanii ga'utti baallii  
fuudhuun Gadaa hogganan qopheessuudha.
3. abbootii Gadaa waliin ardaalee jilaa adda addaatti  
godaanuun muxannoo bulchiinsa Gadaa  
gabbifachuudha.
4. soba
5. gareen ijaaramuun hawaasatti waan baratan  
shaakaluu, abbootii Gadaa baallii harkaa qaban  
waliin hirmaannaa bulchiinsaa taasisuu

## Boqonnaa 12: Moggaasa Maqaa Dhalootaa

### Wayitii 8



**Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti

barataa/tuun;

- haala Oromoonaan daa'imaaf maqaa dhalootaa itti moggaasu nibarata/ti;
- waantoota maqaa dhalootaa moggaasuuf ka'umsa ta'an nibarata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu; Oromoonaan maqaan dhalootaa haala itti moggaasu kan mataa isaa akka qabu barattootatti himi.

Itti aansuun haala Oromoonaan moggaasa maqaa kennu irratti fakkeenya fudhachuun barattootaaf ibsi. Ibsa kennname irraa barattoonni waan hubatan akka walitti himan taasisi. Adeemsa kanaanis haala Oromoonaan maqaa

dhalootaa itti moggaasu hubannoo argachuu isaanii hordofuun duub-deebii kenna deemi. Kana malees, haala hawaasni naannoo isaanii maqaa dhalootaa itti moggaasufi waan irratti hundaa'ani moggaasu maatii gaafatanii akka walitti himan taasisi.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaala xumura boqonnaa irratti kennname hojjachiisuun deebii gilgaalaa qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kennname waliin ilaalaa duub-deebii kenni. Xumura irratti, tokkoon tokkoo barataa/tuu qabiyyee barnootaa hubachuu isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni. Hubannoo dabalataaf ayyaanota/guyyaa dhaha Oromoo gabateen qajeelcha keessatti isiniif dhiyaate dubbisuun hubannoo keessan cimsadhaa.

## Yaadannoo dabalataa

Baay'inaafi tarree maqaa ayyaanota/guyyoota ji'aa dhaha  
Oromoo bakka adda addaatti

TL	Ayyanota/Guyyoota Dhaha Oromoo			
	Gujii	Boorana	Arsii	Iтуу
1	Shalbaana deettii	Areerii-duraa	Hinnikcaa	Bitoo
2	Karaabicha	Areerii-balloo	Sonsa	Taalbojii
3	Gardaaduma	Adulaa-duraa	Algaajima	Buusan
4	Busaawaa-qaraa	Adulaa-balloo	Arba	Gooba jireessa
5	Busaawaa-jidduu	Garba-duraa	Bolqa/Holqa	Algaajima
6	Busaawaa-eeggee	Garba-ballaa	Basa''a Duraa	Wahila
7	Gidaadaa	Garba-dullachaa	Basa''a Maandhaa	Irfii
8	Ruuda	Bitaa-qara	Carrawa	Basa duraa
9	Areerii-badhoo	Bitaa-ballaa	Dureettii	Basa Boodaa
10	Areerii-garbittii	Sorsaa	Dullattii	Carritta
11	Adulaa-qaraa	Algaajima	Bidirsa	Qara salbaanaa
12	Adulaa-eeggee	Arba	Salbaana Deettii	Dureettii
13	Harrattuu	Wallaa	Karaabticha	Dullattii
14	Deettii	Basaa-duraa	Gardaaduma	Qardaaduma
15	Garba	Basaa-ballaa	Sorsa	Kurbicha
16	Bitaa-qara	Maganattii- caarraa	Ruruma	Sorsa
17	Bitaa-jidduu	Maganattii- jaarraa	Lumaasa	Ruruma
18	Bitaa-eeggee	Maganattii-	Gidaada	Sonsa

		biriitii		
19	Soorsa	Salbaana-duraa	Ruuda	Lumaasaa
20	Algaajima	Salbaana-ballaa	Areerii Duraa	Qadaadana
21	Arba	Salbaana-dullachaa	Areerii Maandhaa	Areerii qara
22	Bolla	Gardaadumma	Adulaa Duraa	Areerii bal"oo
23	Basaa-qara	Sonsaa	Adulaa Maandhaa	Adulaa kormaa
24	Basaa-eeggee	Ruruma	Garba Qara	Adulaa jabbii
25	Carrawa	Lumaasa	Garba Deettii	Arba goobaa
26	Dureettii	Gidaada	Garba Maandhaa	Garba deettii
27	Dullattii	Ruuda	Bitaa	Garba dullattii
28	Shalbaana-Bidirsaa		Naannaa	

### Deebii gilgaalaa 1

1. Deebii barattoonni kennan haala aadaa Oromoo kessatti maqaan dhalootaa irratti hundaa'ee kennamuun walcina ilaaluun walitti dhufeenya qabaachuu isaa irratti duub-debii kenni.

2.

<b>Haala maqaan itti moggaafamu</b>	<b>Maqaalee moggaafaman</b>
Ayyaana guyyootaa	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Areerii</li> <li>2. Adulaa/Adulee</li> <li>3. Busaawaa</li> <li>4. Golloo</li> <li>5. Dureettii/Deettii</li> </ol>
Waqtii	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Arfaasaa/Arfaasee</li> <li>2. Bonayyaa</li> <li>3. Gannoo</li> <li>4. Roobaa</li> <li>5. Birraa/ Birre</li> </ol>
Yeroo dhalootaa	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Ganamoo/Ganamee</li> <li>2. Galgaloo/Galgalee</li> <li>3. Guyyee/Guyyoo</li> <li>4. Waariyoo/Waarituu</li> <li>5. Waaree</li> </ol>
Mudannoo	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Gamnmachuu</li> <li>2. Cinqoofi kkf</li> </ol>
Hawwii maatii	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Badhaadhaa/Badhaatuu</li> <li>2. Guddataa/Guddattuu</li> <li>3. Nageessoofi kkf</li> </ol>
Iddoo dhalootaa	<ol style="list-style-type: none"> <li>1. Fantaalle</li> <li>2. Cilaaloo</li> <li>3. Cuqqaalaafi kkf</li> </ol>

## Boqonnaa 13: Meedhicha

### Wayitii 8



**Kaayyoo:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti barataa/tuun;

- maalummaa Meedhichaafi adeemsa raawwii meedhichaa nibarata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu; barannoon boqonnaa kanaa akaakuu firoomfanna meedhicha jedhamu irratti akka xiyyeffatu barattootatti himi. Itti aansuun, aadaa Oromoo keessaatti Oromoon akkamitti nama Oromoo hinturreefi fedha isaatiin Oromoo ta'u barbaadeefi kan lola irratti booji'amee adeemsa keessa Oromoo ta'uuf gaaffii dhiyeeffate akkamitti akka Oromeessu barreeffama kitaaba barataa keessatti dhiyaate irratti hundaa'uun barattootaaf ibsi. Ibsa kenname irraa

barattoonni waan hubatan akka walitti himan taasisi.  
Adeemsa kanaanis haala Oromoona nama Oromoo hintaane  
tokkoo Oromeessuun firoomfatu hubachuu isaanii  
hordofuun duub-deebii kennaa deemi.

Bifuma walfakkaatuun, gaaffiilee hubannoo gidduu  
barreeffamaatti kennaman barattoota hojjachiisuun  
duub-deebii kenni. Kana malees, gilgaala xumura  
boqonnaa irratti kennaman hojjachiisuun deebii gilgaalaa  
qajeelcha kana keesatti kenname waliin ilaaluun  
duub-deebii kenni. Kana malees, hawaasni naannoo isaanii  
haala kamiin nama Oromoo hintaane tokko akka  
Oromoomsu maatii gaafatanii akka walitti himan taasisi.  
Xumura irratti, tokkoon tokkoon barataa maalummaafi  
adeemsa raawwii sirna meedhichaa hubachuu isaanii  
hordofuun duubdeebii kenni.

### **Deebii Gaaffii Hubannoo**

Adeemsa firoomfanna Oromoo kan nama Oromoo tahuu  
gaaffii dhiyeffateef deebiin itti kennamuudha.

## Deebii Gilgaala 1

1. dhugaa
2. Aadaa, seenaa, dudhaafi safuu Oromoo kabajuu
3.
  - bifa kamiinuu hinadabu
  - kabaja namummaa booji'amaa hinxuqu
  - nyaataafi dhugaatii dhorkatee hindararu
  - hanga fedhii isaatiin Oromoo ta'uuf murteessutti dirqiidhaan hin Oromeessu
  - namni tokko erga fedhii isaatiin Oromoo ta'ee illee, gara maatii isaatti deebi'uu barbaades mirga isaa kabajaaf
4. Sirni firmfannaa Oromoo callisee kan raawwatamu waan hintaaneef. Kunis, namni Oromoo ta'uuf gaaffii dhiyeffate sun badii kam irraayyuu qulqulluu ta'uu isaa mirkaneeffachuun firoomfachuuf taasifama.

## Boqonnaa 14: Gugsii Fardaa

### Wayitii 8

**Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti barataa/tuun;

- maalummaa gugsii ni'ibsa/ti;
- adeemsa gugsii fardaa adda baafata/ti;
- seera gugsii adda baafata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu; boqonnaan kun, Gadaa keessatti maalummaa gugsii fardaa, adeemsafi seera gugsii fardaa irratti kan xiyyeffate ta'uun barattootatti himi. Akka barattootaaf mijatutti qabiyyeewan boqonnichaa caccabsuun wal-duraa duubaan barattootaaf ibsi.

Itti aansuun, barattoonni ibsa kenname irraa maal akka hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii kenni.

Adeemsaafi seera gugsii maatii gaafatanii dareetti akka himan taasisuun jajjabeessi. Kana malees, gaaffiilee hubannoo barnoota boqonnichaa kitaaba barataa keessatti kennaman barattoonni akka hojjatan gochuun duub-deebii kenni.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaala xumura boqonnaa irratti kenname hojjachiisuun deebii gilgaalaa qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kenname waliin ilaala duub-deebii kenni. Xumura irratti, tokkoon tokkoo barataa/tuu qabiyyee barnootaa hubachuu isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni.

### **Deebii Gaaffii Hubannoo 1**

1. Gugsiin fardaa tapha aadaa yookiin ispoortii Oromoo sochii qaamaatiin raawwatamu keessaa tokko.

### **Deebii Gaaffii Hubannoo 2**

1. okaa, aamoleefi midhaan akka garbuufi boqolloo soorama.
3. akka malee furdatee guluffii hindadhabneef ykn collummaa akka dabaluuf shaakalsiisu.


## **Deebii Gilgaala 1**

### **1. Ulee**

*Gaachana*

2. Nama waraanuufi waraanamuuf dura gulufu adda baasuun rakkisaa waan ta'eef.
3. Nisooru, guluffii nishaakalsiisu, dhaqna dhiqu, eegee dhaddoo dhahanii qopheessu.

### **4. Deebii Gilgaala 2**



## Boqonnaa 15: Faaruu Abbaa Fardaa

### Wayitii 8

9

- Kaayyoo:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti barataa/tuun;
- jaalalaafi dingisiifanna Oromo Abbaa Fardaaf qabu ni ibsa/ibsit; nidinqisiifata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu; boqonnaan kun, faaruu Oromo jaalalaafi dingisiifanna Abbaa Fardaatiif qabu irratti kan xiyyeffate ta'uu barattootaatti himi. Jalqaba irratti walaloo faaruu Abbaa Fardaa dubbisuun yeedaloo isaa waliin shaakaluun of-qopheessi. Itti aansuun, faaruu kana faarsuun barattootatti agarsiisi. Itti fufuun, barattoonni walaloo faaruu kanaa buufataa buufataan akka dubbisan taasisi. Faaruu kanas barattoota waliin farsuun shaakalsiisi. Barattoonni of-danda'anii hanga faarsuu danda'anitti deddeebi'anii akka shaakalan gochuun duub-deebii kenniif.

Itti aansuun, barattoonni faaruu kana irraa maal akka  
hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii kenni.  
Akkasumas faaruu kana fakkaatu maatii gaafatanii  
dareetti akka faarsan jajjabeessi. Kana malees,  
gaaffiilee hubannoo kitaaba barataa keessatti kennaman  
barattoonni akka hojjatan gochuun duub-deebii kenni.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaala xumura boqonnaa irratti  
kenname hojjachiisuun deebii gilgaalaa qajeelcha  
barsiisaa/tuu keessatti kenname waliin ilaala  
duub-deebii kenni. Faaruu abbaa fardaa naannoo  
isaaniitti beekamu gaafatanii dareetti akka shaakalan  
godhi. Xumura irratti, tokkoon tokkoo barataa/tuu  
qabiyyee barnootaa hubachuu isaa/ishee hordofuun  
duub-deebii kenni.

### **Deebii Gaaffii Hubannoo 1**

1. abbaan fardaa cimaan kan shimalaan lolee kuffisu ta'uu

### **Deebii Gaaffii Hubannoo 2**

1. gootummaa Abbaa Fardaa

## Deebii Gilgaala

Gaachana Abbaa  
Fardaa  
lafoon hin qabatu  
tapha gaafa  
dhiiraa  
gadheen  
hintaphatuu

- Faaruun abbaan fardaa, cimaa dhiira qofaan faarfamu ta'uu maal jechuun faarse?

Takkaan haara  
haarsa  
Furri haagubatuu  
Takkaan dhiira  
faarsa  
Seenaan haa  
mul"atuu

- faaruu gootummaa  
Abbaa Fardaa  
beeksisu

Yaa buddeena garbuu  
maali lallaftuun kuni  
abbaaf ilmaan gugsuu  
maal ayyaantuun kuni.

- faaruu abbaa  
fardaa Abbaafi  
ilmi gugsituu  
ta'uun  
carraalessa  
ta'uu isaanii  
faarsu.

eemmolee yaa abbaa fardaa  
migirri saaree maasaa  
balleechemtoo  
suuqqannaan baallii quchiitii, [2]  
lafa qonneen mataa bultiitii,  
qawwee bituun mataa tuksiitii,  
farda bituun mataa gugiitii. [2]

- Faaruun abbaa  
fardaa, waan  
abbaan fardaa  
gugsii dursee  
gochuu qabu  
maal jedhee  
faarse?

## Boqonnaa 16: Jifuu

### Wayitii 8



**Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti

barataa/tuun;

- akkaataa Oromoon waan qabuufi qopheeffate itti waliif jifu nihima/ti;
- sona jifuun waliin jireenya ollaa cimsuu keessatti qabu nihubata/ti; ni'ibsa/iti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu; boqonnaan kun, Gadaa keessatti maalummaa jifuufi wantoota jifuun of keessatti hammatu irratti kan xiyyeefatu ta'uu barattootaa ibsi. Akka barattootaaf mijatutti barannoo boqonnaa kanaa caccabsuun dhiyeessuuf yaalamee jira. Haala kanaan, qabiyyeewwan kanneen wal-duraa duubaan barattootaaf ibsi.

Itti aansuun, barattooni ibsa kenname irraa maal akka hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii kenni. Maalummaa jifuu maatii gaafatanii dareetti akka walitti himan taasisuun jajjabeessi. Kana malees, gaaffiilee hubannoo barnoota boqonnichaa kitaaba barataa keessatti kennaman barattooni akka deebisan gochuun duub-deebii kenni.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaala xumura boqonnaa irratti kenname hojjachiisuun deebii qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kenname waliin ilaala duub-deebii kenni. Xumura irratti, tokkoon tokkoon barataa qabiyyee barnootaa boqonnaa kanaa irratti gahumsa irraa eegamu gonfachuu isaanii hordofuufi mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

## **Deebii Gaaffii Hubannoo 1**

1. hariiroo waliin jirenyaa ollaa ofii cimfachuuf
2. Wantoota Oromoona waliif jifu keessaa muraani:  
aannan, damma, daraaraa(buna), dhanga,  
asheettaafi fooni

## **Deebii Gaaffiilee Hubannoo 2**

1. Aannan
2. lukiifi cormiin abbaa gadaaf jifama. Laddeeya  
Fattichaaf kennan. Harki ammoo, Cirreessaafi ijoolleef  
jifama.
3. waliin jirenyaa ollaa cimsuu keessatti bakka guddaa  
qaba.

## Deebii Gilgaalaa

Jifuu	Akaakuu jifuu	Eenyuuf?
	damma, daraaraafi asheetta	Ollaa
Ollaa	Foon: 1. Cinaacha 2. Mo'oo 3. Arraba	1. ollaa 2. Dubartii 3. Maanguddoo ollaa
Qachaa Yaa'aa	Foon: 1. Luka 2. Harka 3. Iaddeeyya	1. Abbaa Gadaa 2. Cirreessa 3. Fatticha
Jila Gadaa/Luba	Barroolee	Foollee

**Hub.** Jechoota hiikaan isaanii ifa siif hinta'in yoo

jiraatan jechibsoo keessa ilaali.

## Boqonnaa 17: Handhuuraa

### Wayitii 8

**Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti

barataa/tuun;

- maalummaa handhuuraa ni'ibsa/ti;
- haalaafi yeroo handhuuraan itti kennamu  
addaan baafata/ti nihima/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu; Sirna Gadaa keesatti Oromoone ijoollee  
isaa dinagdeen ijaaraa kan guddisu ta'uun barattootatti  
himi. Isaan keessaa handhuuraan isa tokko ta'uun  
barreeffama kitaaba barataa keessatti dhiyaate irratti  
hundaa'uun barattootaaf ibsi. Haala kanaan, handhuuraan  
yeroofi bifa garaagaraan kan kennamuufi qabeenya  
dhuunfaa daa'immaniif kennamu akka ta'e hubachiisi.

Itti aansuun, ibsa kename irraa barattoonni waan hubatan akka walitti himan taasisi. Barattoonni haala itti hawaasni naannoo ijolleef qabeenya dhuunfaa kenu maatii gaafatanii akka walitti himan taasisi. Bifuma walfakkaatuun, gaaffii hubannoo kename barattoota hojjachiisuun duub-deebii kenni. Kana males, gilgaala xumura boqonnaa irratti kename hojjachiisuun deebii gilgaalaa kennaman waliin ilaala duub-deebii kenni. Xumura irratti, tokkoon tokkoo barataa/tuu qabiyyee barnootaa hubachuu isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni.

### **Deebii Gaafii Hubannoo**

Ijoolleen qabeenyaan akka of-danda'an gochuuf

#### **Deebii Gilgaala 1**

1. Nama kennaa sana kenne akka yaaddataniifi galateeffannaar barachaa akka guddataniif
2. Walhoruudhaan yeroo daa'imman guddatan qabeenya bu'uuraa akka qabaatan gochuuf

**Deebii Gilgaala 2**

Akaakuu Handhuuraa	Yeroo kennamu
Argaa	Yeroo daa'imni dhalattu kennama
Dawoo	Moggaasa maqaa irratti kennama
Dhayii	Gaa'ila ijaaruu irratti kennama
Maqaacii	Ijoollee gurguddataniif kennama

## Boqonnaa 18: Buusaa-Gonofaa

### Wayitii 8



**Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti barataa/tuun;

- maalummaa Buusaa-Gonofaa ni'ibsa/ti;
- maloota Buusaafi Gonofaa nihima/ti.



### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu; boqonnaan kun, Gadaa keessatti haala Oromoona nama rakkate itti lubbuu baraaruufi deebisee ijaaru irratti kan fuulleffatu ta'uu barattootatti himi. Akka barattootaaf mijatutti barannoo boqonnaa kanaa qoqqooduun dhiyeessuuf yaalameera. Haala kanaan, qabiyyeewwan boqonnichaa maalummaa Buusaa-Gonofaaifi mala Buusaa-Gonofaa wal-duraa duubaan barattootaaf ibsi.

Itti aansuun, barattoonni ibsa kenname irraa maal akka hubatan akka walitti himan taasisuun duub-deebii ketti. Jaarmaya walgargaarsaa kan naannoo isaaniitti beekan ykn maatii gaafatanii dareetti akka himan taasi, jajjabeessis. Kana malees, gaaffiilee hubannoo barnoota boqannichaa kitaaba barataa keessatti kennaman barattoonni akka hojjatan taasisuun duub-deebii ketti.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaala xumura boqonnaa irratti kenname hojjachiisuun deebii gilgaalaa qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kenname waliin ilaala duub-deebii ketti. Xumura irratti, tokkoon tokkoo barataa/tuu qabiyyee barnootaa hubachuu isaa/ishee hordofuun duub-deebii ketti.

### **Deebii Gaaffii Hubannoo 1**

1. Bakka lamatti qoodama. Isaanis Buusaafi Gonofaa jedhamu.

## Deebii Gaaffiilee Hubannoo 2

1. gargaarsa horii miiloon gosaa nama rakkate ofdandeessisuuf gumii miiloo gosaatiin murteessee horii kenuu
2. ollaa gumiin miiloo gosaa taa'amutti nyaataafi dhugaatii; akkasumas, bakka bultii gumii qopheessuutu taasifama.

## Deebii Gilgaala 1

- a. Qophii simanna gumiin miiloo gosaa taasisuu
- b. Miiloo gosaa gargaaramu adda baasu
- c. Gargaarsa miiloon gumiin dura taasise dhiyeessuu
- d. Miiloon gosaa horii akka kenuu gaafachuu
- e. Horii gargaarsa miiloo gosaa namoota rakkataniif kenuu

**Deebii Gilgaala 2**

Mala	Akaakuu Gargaarsaa	Qaama gargaaramu	Qaama gargaaru	Sababa gargaarsaa
Buusaa	Nyaataafi aannan	Miiloo aantee rakkate/te	Miiloo aantee	Miiloo rakkate dhiyeenyatti dandamachiisuuf
Gonofaa	Horii hormaataa	Miiloo gosaa rakkate/te	Miiloo gosaa	Rakkoo miiloo gosaa bu'uuraa hiikuun ofdandeessisuuf

## Boqonnaa 19: Hirpha

### Wayitii 8



**Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti

barataa/tuun;

- maalummaa Hirphaa ni'ibsa/ti;
- sababoota hirphi taasifamuuf nihima/ti;
- adeemsa hirphi ittiin raawwatamu addaan nibaafata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu; boqonnaan kun, Gadaa keessatti aadaa Oromoona nama balaan tasaa irra ga'e ittiin dandamachiisu irratti kan fuulleffatu ta'uu barattootatti himi. Jalqaba irratti, qabiyyee barannoo boqonnaa kanaa irratti of-qopheessuun barattootaaf ibsi.

Itti aansuun, barattoonni ibsa kennname irraa maal akka hubatan akka walitti himan taasisuun duub-deebii kenni.

Haala nama balaan tasaa irra ga'e itti dandamachiisan kan

naannoo isaaniitti beekan ykn maatii gaafatanii dareetti akka himan godhi. Kana malees, gaaffiilee hubannoo barnoota boqannichaa kitaaba barataa keessatti kennaman barattooni akka hojjatan taasisuun duub-deebii kenni.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaala xumura boqonnaa irratti kenname hojjachiisuun deebii gilgaalaa qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kenname bu'uura godhachuun duub-deebii kenni. Xumura irratti, tokkoon tokkoo barataa/tuu qabiyyee barnoota boqonnaa kanaa hubachuu isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni.

### **Deebii Gaaffii Hubannoo 1**

Firoonni abbaa, haadhaa, miiloon gosaa, gosti, soddaan, ollaafi hiriyaan bakka jiranii walitti himuun gargaaru. Kan isaan kennanis, horii, midhaan, qarshii, meeshaa manaa, uffataafi kkf. kennuun akkaatuma balaa tasaa uumameen dandamachiisan.

## Deebii Gaaffiilee Hubannoo 2

1. maanguddoot fedhii isaaniitiin gaafa namni sanyiin citee kan dhumaan du'u, mariyataniitii nama ijoolee dhiiraa baay'ee qabu irraa tokko gosaaf jedhanii irraa fuudhu.

Booda, mucicha abbaa bokkuu waliin ta'uun awwaala namicha du'ee irraa kaa'anii eebbisu.

2. mucaan, sanyii nama du'ee ta'uun qe'ee dhaala.

Akkasumas, fuudhee diroo/sanyii nama du'ee sana itti fufsiisa.

## Deebii Gilgaala

### Hirpha

#### Balaa tasaa uumame

**Qaama hirphu:**  
nama balaa tasaan  
qabeenyi isaa barbadaa'e

**Kan hirphamu:**  
horii, midhaan, maallaqafi  
kkf

**Kaayyoo hirphuu:**  
nama balaan tasaa irra  
ga'e dandamachiisuu

#### Diroo/sanyii citte


**Qaama hirphu:**  
nama sanyiin citte

**Kan hirphamu:**  
mucaa dhiiraa

**Kaayyoo hirphaa:**  
diroo/sanyii citte itti  
fufsiisuu

## Boqonnaa 20: Sirna Gadaafi Qabeenya

### Wayitii 8



**Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti

barataa/tuun;

- ilaalcha Oromoon qabeenyaan ofdanda'uu irratti qabu ni'ibsa/ti;
- haalota qabeenya kan waliinii taasifachuun kunuunsaniifi itti-fayyadaman nihima/ti;
- ilaalcha qabeenya nama biroo karaa hinmalleen kan ofii taasifachuuf yaalan itti balaaleffatu niibsa/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu; boqonnaan kun, ilaalcha Sirni Gadaa qabeenya irratti qabu ibsu ta'uu barattootatti himi. Akka barattootaaf mijatutti barannoo boqonnaa kanaa qoqqooduun dhiyeessuuf yaalameera. Haala kanaan,

qabiyyeewan boqonnichaa walduraa duubaan  
dhiyeessuun barattootaaf ibsi.

Itti aansuun, barattoonni ibsa kenname irraa maal akka  
hubatan akka walitti himan taasisuun duub-deebii kenni.  
Naannoo isaaniitti haala hawaasni Oromoo qabeenya itti  
ilaalu maatii gaafatanii dareetti akka himan taasisuun,  
jajjabeessi. Kana malees, gaaffiilee hubannoo barnoota  
boqonnichaa kitaaba barataa keessatti kennaman  
barattoonni akka hojjatan taasisuun duub-deebii kenni.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaala xumura boqonnaa irratti  
kenname hojjachiisuun deebii gilgaalaa qajeelcha  
barsiisaa/tuu keessatti kenname bu'uura taasifachuun  
duub-deebii kenni. Xumura irratti, tokkoon tokkoo  
barataa/tuu qabiyyee barnoota boqonnaa kanaa hubachuu  
isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni.

## **Deebii Gaaffii Hubannoo**

Umrii daa'imummaatti handhuuraa kenuufi guyyaa  
fuudhaa heerumaaf geese maatiin, firrii, ollaafi hiriyaan  
akka humna isaaniitti waan qaban kenuun ofdandeessisu

## **Deebii Gaaffilee Gilgaalaa**

1. Gaafa guddatee maatii horatee jirenyaa dhuunfaa  
jiraachuu eegalu akka hinrakkanneefi ka'umsa  
qabeenya baay'ee horachuu taasifatuuf
2. Akka ilaalcha Oromootti,
  - Qabeenyi kan waliiniiti. Waliin kunuunsanii, waliin  
ittigargaaramu.
  - Qabeenyi nidhufa; nibadas/manca'as
3. Qabeenya nama tokkoo hatuu, kadhachuu, sobaan kan  
ofii taasifachuufi qabeenyaaf jecha lubbuu walbaasuun  
balaaleffatamaadha.

## Boqonnaa 21: Kunuunsaafi Itti-fayyadama Qabeenya Uumamaa

### Wayitii 9

9

**Kaayyoo:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti

barataa/tuun;

o sirna Gadaa keessatti akkaataa Oromoona

qabeenya uumamaa kunuunsee itti-fayyadamu

nibarata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu; boqonnaan kun, Gadaa keessatti Oromoona

qabeenya uumamaa akkamitti kunuunsee akka

itti-fayyadamu irratti kan xiyyeffatu ta'uu

barattootaaf ibsi. Akka barattootaaf mijatutti qabiyyee

boqonnaa kanaa qoqqooduun duraa duubaan barattootaaf

ibsi.

Itti aansuun, barattoonni ibsa kename irraa maal akka hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii kenni. Naannoo isaaniitti haala Oromoona qabeenya uumamaa kunuunsee itti-fayyadamu kan beekan ykn maatii gaafatanii dareetti akka himan gochuun jajjabeessi. Kana malees, gaaffii hubannoo boqonnichaa kitaaba barataa keessatti kename barattoonni akka deebisan gochuun duub-deebii kenni.

Bifuma walfakkaatuun, gilgaala xumura boqonnaa irratti kename hojjachiisuun deebii qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kename waliin ilaala duub-deebii kenni.

Xumura irratti, tokkoon tokkoo barataa/tuu qabiyee barnootaa hubachuu isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni.

### **Deebii Gaaffii Hubannoo 1**

Muka murtiiwwaniifi seerota adda addaa jalatti dabarsan jechuudha.

## Deebii Gaaffii Hubannoo 2

### A. Seera bineensa bosonaa:

Bineensa dhaltuu, gaana irra jiruu, dorrobaa, dhalaa jiru, bishaan dhugaa jiru, qe'ee keessa dhufefi bineensa gala deemu hinajjeessan kan jedhu.

### B. Seera haraa-eelaa:

1. naanniga malee horii haroofi eelaatti naquun dhorkaadha.
2. qulqullina haraa-eelaa eeguun dirqama ta'uu,
3. bishaan haroofi eelaa booreessuu dhorkaa ta'uu
4. erga obaafatanii booda naanniga obaa bishaaniin guutuun dirqama ta'uu,
5. namaafi horii qofa osoo hintaane bineensi illee bishaan qulqulluu dhuguuf mirga qabaachuu

### C. Seera lafaa:

1. lafa qonnaafi foonaa loonii iddoos isaaaanii gegeeddaranii qotu.
2. akka biyyeen hindhiqamneef bosona dhaabuufi kunuunsuu

## Deebii Gilgaala 1

- A. Muka umrii dheeraa (hafaa mukaa) qabu; akka angafaatti waan ilaalamuuf,
- B. Muka ol-guddatu; gara fuulduraatti bu'aa guddaa buusuu waan danda'uuf,
- C. Muka mul'isaa/dheeraafi lafa olka'aa irra jiru; namni osoo deemu yoo karaan jalaa bade illee muka kana akka akeektuutti fudhatee karaatti deebi'uu waan danda'uuf,
- D. Muka sootii; tajaajila adda addaa kanneen akka gaagura itti hidhachuuf waan gargaaruuf,
- E. Muka jilaa; bakka jilli garaagaraa itti-gaggeeffamu waan ta'eef,
- F. Mootii mukaa; bakka murtiiwwaniifi seeroti adda addaa jalatti tumaman waan ta'ee